# Jaalalleen koo Nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, waan sadii akkan hojjedhu naaf dhaaman: ji’a ji’aan guyyaa sadii soomuu, raka’aa lamaan salaata Duhaa salaatuu fi osoon hin rafiin dura salaata witrii salaatuudha

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Jaalalleen koo Nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, waan sadii akkan hojjedhu naaf dhaaman: ji’a ji’aan guyyaa sadii soomuu, raka’aa lamaan salaata Duhaa salaatuu fi osoon hin rafiin dura salaata witrii salaatuudha.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Abuu Hureyraan -Rabbiin irraa haa jaallatu- jaalatamaa fi saahibni isaa Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wantoota sadii akka isaaf dhaaman hima: Tokkoffaa: ji’a ji’aan guyyaa sadii soomuudha. Lammaffaa: Guyyaa guyyaan raka'aa lama Duhaa salaatuudha. Sadaffaa: Hirriiba dura salaata witrii salaatuudha, Kunis nama halkan dhuma irratti hin dammaqu jedhee sodaateefi.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/4538